Tommy's
The pregnancy and baby charity

NHS

Oromo

# Sochii daa'imaa dhagahuun mallattoo nageenya isaaniim irkaneessuudha

Dubartoonni ulfi hedduun yeroo ulfaa turban 16-24gidduutti sochii daa'ima isaanii dhaguu eegalu.

Sochiif yeroon murtaaa ta'e hin jiru. Daa'imni hundinuu adda dha.

Torban 16-24 irraa eegalee hanga turban 32 tti sochiin daa'imaa isinitti dhagahamuu eegaluu qaba.

Sanarraa eegalee, hanga gaafa da'umsaatti akkasumas yeroo ciniinsuutti sochiin daa'imaa cimee itti fufuu qaba.

### Kanneen armaan gadii yoo mudatan dafaa garee yaala haadholii keessan qunnamaa:

- sochiin daa'ima keessanii kan durii irra yoo xiqqaate
- sochiin daa'imaa kan durii caalaa yoo dadhabe
- yoo sochiin dhaabate

### Sochiin daa'ima kootii maaliif barbaachisaa ta'e?

Yeroo tokko, daa'imni sochii xiqqaa taasisu qilleensa qulqulluu ga'aa hin argatu. Daa'imman sochii xiqqaa taasisan keessaa muraasni osoo yeroon hin ga'iin dhalatu (kana jechuun dhaloota dura du'u jechuudha).

Kanaafuu osoo ulfi keessan hin guddatiin ykn rakkoon isin hin mudatiin dura daftanii qoratamuu qabdu jechuudha.

### Erga an ilaalamee booda sochiin daa'imaa yoo xiqqaa ta'e hoo?

Garee yaala haadholii keessan dafaa qunnamaa. Har'uma ilaalamtanii ykn dhiheenyatti ilaalamtanii daa'imni keessan nagaadha yoo jedhamtan illee sochiin yoo xiqqaate akkas taasisaa.

Yeroo meeqaaf illee haa mudatu, yeroo mara ilaalamaa.

### Sochii daa'imaa hin beeku, garuu waanti sirrii hin taane jira. Maal godhu?

Qaama keef ulfa kee kan si caalaa beeku hin jiru.

Wanti sirrii hin taane yoo sitti dhagahame, yaala fayyaa haadholii qunnamuun dhufaan jira jedhi. Waan sitti dhagahamu dubbachuun yoo ulfaate illee isaan qunnamuu qabda.

- **Guyyaa booriin ilaalama jechuu dhiisaa. Wiirtuun yaala haadholii torbanitti guyyaa 7 sa'a 24 banaadha. Guyyaas ta'ee halkan sa'a barbaaddan ilaalamuu dandeessu.**

  Naannoo keessan jiraachuu yoo baattan, yaala fayyaa haadholii isinitti dhihoo jiru qunnamaa.
- Akka daa'imni keessan socho'u taasisuuf tarkaanfii kam illee hin **fudhatiinaa**.
- Dhahannaa onnee daa'ima keessanii ilaaluuf dooppileeriiwwan manaa, to'attuuwwan harkaa ykn aappiiwwan bilbilaa hin **fayyadamiinaa**. dhahannaa onnee yoo dhageessan illee, daa'imni keessan fayyaadha echuu miti.

Sochii daa'ima yeroo ulfaa ilaalchisee dabalataan hubachuuf

Tommy's
The pregnancy and baby charity

NHS

Oromo

# Yeroon hospitaala seenu maaltu uumama?

Bu'aa qorannoowwan kanneenii hin arganne taanaan, gaafadhu. Waraqaa kana ogeessa da'umsaa keessanitti agarsiisaa.

Dookteriin ykn ogeessi da'umsaa keessan qorannoo kan biro taasisuu yoo fedhe, sababa maaliif akka barbaadan si hubachiisuu qabu. Bu'aawwan qorannoo waraqaa kana keessa jiru ammas gaafachuu dandeessu.

## Ulfa turban 24-26

**Ogeessi da'umsaa ykn dookteriin:**

- dhahannaa onnee daa'ima keessanii dhaggeeffadhaa
- waa'ee sochii daa'ima keessanii gaafadhaa
- dhiibbaa dhiigaa keessan ilaalaamaa
- fincaan keessan ilaalamaa
- hanga ulfa keessanii ilaalamaa

## Turban 26 irraa kaasee

**Ogeessi da'umsaa ykn dookteriin dabalataan:**

- to'attuu CTG – maashinii garaa keessanitti maxxanfamu kan dhahannaa onnee daa'ima keessanii agarsiisu fayyadamuun dhagannaa onnee daa'ima keessanii ilaalaa.



## Kan itti aanu maali?

Dookteriin ykn ogeessi da'umsaa yaaddoo yoo qabaatan, tarkaanfii itti aanu ilaalchisee isin mari'atu.

**Hanga kanneen itti aanan raawwatanitti gara manaatti deemuu hin qabdan:**

- Hanga sochiin daa'imaa keessan amansiisaa ta'utti
- Qorannoon fayyaan keessanis ta'ee kan daa'ima keessanii amansiisaa ta'uu hanga mirkaneessutti

Qorannichi rakkoon jiraachuu yoo agarsiise, karoorri ifa ta'e hanga ba'utti gara manaa deemuu hin qabdan.

Waraqaa kana qindeessuu keessatti gumaacha taasisaniif dhaabbilee itti aanan ni galateeffanna.

FIVEXMORE · KICKS COUNT – empowering mums-to-be with knowledge & confidence · MAMA Academy – The Safer Pregnancy Charity · sands – Saving babies' lives. Supporting bereaved families.

Trusted Information Creator – Patient Information Forum

Duub-deebiin yoo jirate pregnancyinfo@tommys.org irratti ergaa

Lakkoofsa galmee tola ooltummaaTommy's 1060508 fi SC039280

Amajji 2026 irra deebiin ilaalame. Irra deebiin yeroon itti ilaalamuu Amajji 2029

**Marsaaratii itti aanu irraa ilaalaa**
**www.tommys.org/pregnancy-information**